

Mammaaksota Oromoo Qubee “Y” n Jalqaban.

- 1 Yaa anaa durii jette cirrin fadrdarraa kuftee.
- 2 Yaa cubbuu “essa dhaqxa” jannaan “bakka itti na ergan” jatte
- 3 Yaa marqaa si afuufuun si liqimsuuf jedhe.
- 4 Yaa saree ciidhni akkami” jannaan “isa quufe hin kadhatu, isa beela'e immoo ni dhowwatu” jette.
- 5 Yaadni hamaan nama huqqisa
- 6 Yaanni karaa hin dhaleessu.
- 7 Yaawaaq siifan ka'a, achumaanan gaayyaa koo fudhadha jette jaartiin.
- 8 Yoo akka nyaattu homaa hin taatu yoo akka aadduu barana him baatu
- 9 Yoo baay'ate dammis ni hadhaawa
- 10 Yoo dheeraan tarkaanfii malu, gabaabaan hulluqaa malata.
- 11 Yoo hundumasaa dubbatan garaan duwwaatti hafa jedhan.
- 12 Yoo rakkatan fala barbaadan
- 13 Yoo waraabessarraa hafte keenya jette sareen, harreedhan
- 14 Yoon ani du'e araddaan hin margin jette harreen.